
# CARRAAN KAROONAATRIIF HIN KEENNAMUU

Akkamittiin Ijoolleen akkaa Ittisa Karoonaa Keessaattii qooda fudhaachuu danda'anii






Guyyaa ifaa fi aduu dha, garuu daandiiwwan duwwaa dha; akkasumas naannoo hunda callisuun dhuunfatee jira.










Suuqiiwwanii fi gabaawwan banaadha, garuu gorroowwan meeshaaleen irra naqaman duwwaadha.
Balbalootni manneen barnootaa cufamaniiru; akkasumas daandiiwwan irra namni tokko hin jiru.






Manneen barnootaa cufaadha. Amina, Oliver, Tara fi Challa hunduu manaa akka hin sochoone dhorkamanii jiru. Isaan manaa akka gadi bahan hin heeyyamamuuf.





Sodaateera, Challa deebii barbaaduuf murteessee jira. Inni eessuma isaa kan dooktara beekamaa ta'ee fi magaalicha keessaa hojjatutti bilbilee jira.




'Nuti kubbaan foddaa Oliver fuldura bu'e.




Inni ka'ee figee gadi bahe




Hundumttu sagale Olivar dhagani gara barandatti figeni








Boru guyyaa dhalootaa obboleettii koo ishee eegoo ykn xiqqoodha. Nuti qophii isheef qopheessuuf karoorsinee turre, garuu maatiin koo qophii sana ni hambisan ykn haqan. Amma isheen booyaa jirti. Ani amma waa'ee ishee miirrii gaariin natti dhagahamaa hin jiru.
Dhugumatti, mucaayyoo xiqqoo kana ayyaanicha kabajuu dhiisuuf ishee gaafaachuun sirrii natti hin fakkaatu. Nu kessaa namni vaayireessii kanaan qabame hin jiru kana jechuun immoo nuti hundi fayyaadha jechuudha.
Ijoolle, kun of eegannoofi dha. Yeroo ammaa of eegannoon furtuu jireenyaadha.
Koroonaan daangaawwan biyyaa hin kabaju, inni bakka hundatti argamuu ni danda'a, Afrikaa, Eesiyaa, Ameerikaa Awurooppaa.... Magaaloota gurguddaa fi xixxiqqaa akkasumas gandoota ykn qe'eewwan keessattillee argamuu ni danda'a.
Dhugaadha, Maagaalaas ta'e qee'ee baadiyaa keessa jiraannullee hiikaa hin qabu - vaayireessiin achi gahuu ni danda'a. Magaalootni caalaattii kan dhibee kanaan miidhaman ni fakkaatu; sababni isaas namootni magaala keessa jiraatan baay'ee walitti hiiqanii jiru.
Eeyyee, namni dhibeen Koroonaa qabee jiru yeroo haxxifatu, qufa'u, ykn nama biraa wajjin harka yoo walqabatu, koroonaan nama dhibechaan qabame irraa gara isa fayyaatti ni darba. Koroonaan karaa afaanii, ijaa fi funyaanii qaama isaanii keessa seenuu ni danda'a.
Garuu nuti dhibee Koroonaatiin qabamnee dhukkubsachaa jiraachuu keenya akkamiin beeknaa? Haatii koo ganama har'aa yeroo tokko haxxifattee jirti. Vaayireessiin Koronaa ishee qabeera jettee yaaddaa? Isheen du'uuf jettii?
Yeroo tokko haxxifachuu jechuun homaa jechuu miti. Garuu ati miiri dhukkubaa otuu sitti hin dhagahamiin dhibee COVID -19tiin qabamtee namoota biraallee faaluu ni dandeessa. Kun sababa Koronaan dhibee qufaa waggaatti nama mudatu caalaa karaa salphaa ta'een tattamsa'u dha.
Koronaan qaama keenya keessa yoo seene, inni of baay'isuu ni danda'a. Sirni qaama keenyaa kan dhibee of irraa ittisu vaayireesicha dura dhaabbachuun of irraa ni lola. Sababa kanaaf qaamni keenya oo'ii isaa baay'ee kan dabalu yoo ta'u qufaan ni mudata. Namootni duraanuu rakkoowwan fayyaa qaban fi namootni umuriin isaanii akka akkoo fi akaakayyuu keenyaa waggaa 50-60 ol ta'an baay'ee cimsanii dhibamuu ni danda'u. Yeroo tokko tokko isaan lubbuu isaanii baraaruuf hospitaala seenaanii yaalamuu qabu.


Garuu ani ammayyuu obboleettii Aminaf nan gadda. Isheen ayyaana guyyaa dhaloota ishee kabajachuu danda'uu qabdi.
Maatiin amina waanta sirrii godhan; isaan obboleettii ishee qofaa otuu hin taane nama qophii ayyaana kabaja guyyaa dhalootaa sana irratti argamuu danda'an hunda dhibee irraa ittisan.
Mana turaa ykn taa'aa; miseensoota maatii keessanii kanneen baay'ee waliitti hiiqtan wajjin haasa'aa.
Akkoo ykn akaakayyuun keessan isin wajjin kan jiraatan yoo ta'ellee isaan irraa fagadhaa.
Yoo dirqama gadi bahuu kan qabdan ta'e kan akka nyaata bitachuu yoo ta'e malee gadi hin bahiinaa.
Gochi kun walirraa fageenya hawaasummaa jedhama.
Tole. Maarree Amina atis gammaduu qabda. Maatii kee namoota hunda dhibee kana irraa ittisaa jirtu.
Yeroo ammaa walirraa fageenya hawaasummaa tooftaa hunda caalaa faayidaa qabeessa ta'e kan namni hundi hojii irra oolchuu qabuu dha. Tooftaan kun tattamsa'ina vaayireesichaa qollachuuf ykn dhaabamsiisuufi vaayireesichi isin irra qubachuu dhiisuu isaa mirkaneefachuuf tooftaa baay'ee bu'aa qabeessa ta'edha. Manneen barnootaa hedduun magaaloota keessaa fi baadiyaa sababa kanaaf cufamaniiru; isin hiriyyoota keessan yeroo gabaabaafiyyuu yoo ta'e arguu hin dandeessan.
Maatiin koo walirraa fageenya hawaasummaa jechuun namoota hedduu wajjin gareetiin walarguu dhiisuudha jedhaniiru. Walgayiiwwan ykn namoota hedduu ta'anii walitti qabamuun hin danda'amu
Siniimaa Hin Deemiinaa
mana nyaataatti walitti qabamanii nyaachuun hin danda'amu
Bakka Taphattii hiin aragamiinaa
taateewwan ispoortii gurgudoo hin raawwatiinaa
walgayiiwwan ganda keessatti taasiifamu hin jiru
qophiiwwan guyyaa dhalootaa kabajuun hin danda'amu



Eeyyee, cancala ykn toora daddarbiinsa isaa kutaa. Dhugumatti of eegadhaa; akkasumas Koroonaan akka qaama keessan keessa seenu hin heeyyamiinaaf.
Nuti yeroo hunda mana keessa ooluu hin dandeenyu. Nuti nyaata bitachuuf ykn mana yaalaa deemuuf dirqamuu ni dandeenya. Yeroo akkanaa akkam goona?
Oliver sirrii jette. Garuu, nuti yeroo gadi baanu carraa dhibee kanaan qabamuu keenya xiqqeessuuf waantoota salphaa gochuu dandeenyu ni jiru.
Tokko, nagaa gaafachuuf kanaan booda nama hin dhungatinaa, hin hammatiinaa ykn harka hin fuudhinaa.
Seequu itti agarsiisaa ykn "Haay" jedhaa.
Namoota biraa irraa meetira 1.5 fagaadhaa.
Isin yeroo haxxifatan ykn qufaatan, ciqilee keessan gidduutti qufa'aa.
Yeroo diidaa ykn alaa ol deebitan/galtan harka keessan saamunaatiin dhiqadhaa.
SOAP
Eeyyee, harka keessan saamuunaa fi bishaaniin yoo xiqqaate sekoondii 20f dhiqadhaa.


1. Palms
2. Back of hands
3. Between fingers
4. Back of fingers
5. Thumbs
6. Fingertips
7. Wrists
Karaa kanaatiin koroonaan harka keessan irra hin turu.
Isin bishaanii fi saamunaa of cinaatii hin qabdan yoo ta'e, alkoolii ittiin harka keessan haxaawwatan qabaachuu ykn harka keessan hanga dhiqachuu dandeessanitti fuula keessan xuxxuquu hin qabdan.
Ijoollee, nuti hundi keenya koronaan akka qaama keenya keessa hin seenne, ykn namoota biraa akka hin faalle waaliin taanee yoo of eeganne, nuti tattaamsa'ina vaayireesichaa xiqqeessuu ni dandeenya. Hanga dhibeen kun dhabamutti taphoota mana keessaa taphachuu, kitaaboota dubbisuu fi hojii manaa keenya hojjachuu ni dandeenya. Beekumsa nuti beeknu namoota beeknuuf haa qoodnu. Nuti garee Tattamsa'ina Vaayireesii Koroonaa ittisuu dandeenyu dha.


Ani nama beeku hundaaf ergaa gabaabaa nan barreessaaf.
Ani maatiin koo ergaa kana hiriyyoota isaaniif .... karaa bilbilaatiin akka qoodaniif nan gaafadha.
Ergaawwan furtuu ta'an namoota olla keenya jiran hundaaf haa qoodnu!
MANAA
MANAA HIN BAHIINAA
ISIN MAGAALAAS TA'E BAADIYAA KEESSA JIRAATAN DHIBEE HIN QABU - OF KEESSAN, MAATII KEESSAN AKKASUMAS NAMOOTA NAANNOO KEESSAN JIRAN DHIBEE KANA IRRAA EEGAA!
HUMNAA OL TA'EE HANGA MANAA BAHUUN DIRQAMA ISINITTI TA'UTTI MANAA HIN BAHIINAA
MISEENSOOTA MAATII KEESSAN KANNEEN BAAY'EE WALITTI HIIQXAN WAJJIN WALQUNNAMAA.
Manaa bahuun dirqama yoo isinitti ta'e: NAMOOTA BIRAA IRRAA MEETIRA 1.5 FAGAADHAA
YEROO MANATTI DEEBITAN HARKA KEESSAN SAAMUNAATIIN DHIQADHAA
Guyyaa itti aanu...
ISIN MAGAALAAS TA'E BAADIYAA
NAMOOTA NAANNOO KEESSAN JIRAN DHIBEE KANA IRRAA EEGAA!
happy birthday!!!
HUMNAA OL TA'EE HANGA MANAA BAHUUN DIRQAMA ISINITTI TA'UTTI MANAA HIN BAHIINAA
MISEENSOOTA MAATII KEESSAN KANNEEN BAAY'EE WALITTI HIIQXAN WAJJIN WALQUNNAMAA.
Manaa bahuun dirqama yoo isinitti ta'e: NAMOOTA BIRAA IRRAA MEETIRA 1.5 FAGAADHAA
YEROO MANATTI DEEBITAN HARKA KEESSAN SAAMUNAATIIN DHIQADHAA
Ofii keessanii fi namoota naannoo keessan jiran dhibee kana irraa ittisuu yaadadhaa!

This comic was jointly developed by Deutsche Welthungerhilfe and WASH United.

It can be used, reproduced and disseminated for non-commercial purposes without limitation. Any commercial use is strictly prohibited.

We thank Dr. Rasmus Leistner, MD, PhD (Institute for Hygiene and Environmental Medicine, Charité Universitätsmedizin Berlin) for technical advice in creating the comic.

Creative agency partner: Kaboom Social Impact.
Illustrations: Pooja Dhingra and Ankur Ahuja.

Contact:

www.welthungerhilfe.org



info@welthungerhilfe.de

welt hunger hilfe

a member of

Alliance 2015
towards the eradication of poverty

WASH United